

YUNIVARSIITII DILLAA

KOLLEEJJI SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA

MUUMMEE AFAANIFI OGBARRUU OROMOO

QABSIISA KOORSII SEMINAARA DHIMMOOTA FILATAMOO

AfOL 4122

Bara 2011 A.L.E

Dilla, Ethiopia

1. Saminaara Mata Dureewwan Filatamoorratti

(Seminar in Selected Topics)

1.1. Yaadrimeewwan saminaaraa(Pirojektii Barnootaa)

A seminar is an instructional technique of higher learning which involves generating a situation for a group to have guided interaction among themselves on a theme which is generally presented to the group by one or more members. It also involves paper reading on a theme and followed by the group discussion to clarify the complex aspects of the theme.

A seminar is a genuine discussion. As the opening quote suggests, a seminar is meant to be a different kind of class (or instructional strategy). The seminar is designed to enable students to explore a text, a problem, an experience; it is not a more conversational form of teacher-led instruction. Rather, it is the students' opportunity to ask and consider questions and explore each others' answers. In short, it becomes the student's opportunity and responsibility to develop habits and skills that are traditionally reserved for the teacher.

The seminar experience rolls 'content' and 'process' into one. The student not only learns more about an idea or text, the student learns how to discuss it: the student gains practice in leading discussions, listening for insights in the comments of others, proposing alternative paths of conversation, insuring that quiet or "weird" voices are heard, and how to help talk move beyond superficial but unconnected sharing to sustained and thought-provoking dialogue.

1.1.1. Saminaarri Maali?

Seminaarri yoomessa idilaawaa keessatti dhimma marii ykn mata duree ifaa ta'e tokkoratti garee barattoota ykn miseensota xiqqa ogummaa walfakkaataa qabaniin gaggeeffama. Seminaarri garee barsiisotaa ogummaa tokko keessatti argamaniitiin dhimma mariifi hubannoo liixxaan barbaadu tokorratti qorannoo gaggeessuun dhiyaata.

Seminaarri mataduree barnootaa filatamaa ta'anirratti nama tokkoon ykn gareen qophaa'ee jamaaf dhiyaata. Seminaarri yeroo baayyee dhaabbilee barnootaa olaanoo keessatti barattoota damee barnootaa tokkootiin akka mala barnootaatti fayyadamuun dhimmoota qorannoo cimaa barbaadurratti dhiyaata. Saminaarri namoota lakkofsaan 10-50 ta'aniif kan qophaa'u yommuu ta'u laakkofsi namootaa kan jedhamee kanaa gadis olis ta'uu ni danda'a.

A seminar is a form of academic instruction, either at an academic institution or offered by a commercial or professional organization. It has the function of bringing together small groups for recurring meetings, focusing each time on some particular subject, in which everyone present is requested to actively participate. This is often accomplished through an ongoing Socratic dialogue with a seminar leader or instructor, or through a more formal presentation of research. It is essentially a place where assigned readings are discussed, questions can be raised and debates can be conducted.

Seminars are basically arranged to discuss current issues and problems or to share ideas. A seminar is a small group discussion in a formal setting with clear agenda. In a seminar a speaker present a theme or a set of papers and it is discussed by all those who participate. A seminar can also be organized by a group of teachers. The required resources of a seminar are finance, facilities to sit and discuss facilities to present. The agenda of seminar to be discussed earlier the general themes to be discussed, dates and time need to be communicated to participants giving adequate time for preparation including the date, time, and theme presentation. A **seminar** is a group meeting (either face-to-face or online) where a number of students participate at least as actively as the teacher, although the teacher may be responsible for the design of the group experience, such as choosing topics and assigning tasks to individual students.

1.1.2. Saminaarri Maalfaa miti?

Seminaarri mala barsiisuu odibsaa miti. Seminaarri leenjii gabaabaa hubannoo uumuu miti. Seminaarri mala barsiisuu kaltokkee (unidirectional) barsiisaan dhuunfatamuu miti. Seminaarri mormii miti. Seminaarri mala karaa uumama ta'een barataan ofii isaa gama qabiyyeetiinis ta'ee gama mala ibsa kennuu shaakalaa dhiyeessu.

A seminar can perhaps be better understood by considering what it is not: it is not training; it is not interactive lecturing; it is not canned student speaking (like the 19th century ‘recitation.’) A seminar is neither a debate nor a teacher led “class discussion” (where “discussion” means students taking turns sharing thoughts, feelings, and reactions). Rather, the seminar is a collective inquiry into questions and issues, typically prompted by a reading or shared experience. A key aim is to develop everyone’s understanding of the issues – not to be confused with “answering” the teacher’s questions. But it also aims at everyone’s self understanding – through speaking, idea testing, listening, and reflection. The purpose is to ‘uncover’ not ‘cover’ a subject.

The teacher may well have to learn and practice new habits, therefore. In a seminar, the teacher becomes a mature co-colleague in the conversation (after some initial training and modeling). The great challenge for the teacher is to break habits – to very self-consciously try to stop managing all the talk and leading students to an answer. The seminar leader's job is more like that of a counselor, therapist, or spiritual leader: to keep the important issues alive and to keep important voices, perspectives or past strands of talk from getting lost. Initially one must direct and train. But once students have grasped the *new* purpose, routines, and norms at work, the teacher can become less of a “teacher” and more like a coach as students manage their “team” performance. In advanced seminars, the teacher becomes even less obtrusive – more like the referee.

The aim of a seminar is not to replace or jazz up instruction, then, but to supplement it. The seminar works best as a precursor to or synthesizing experience of traditional didactic teaching and skill coaching. The seminar presents students with chances to explore the meaning of the work (assignments, lessons, discrete learnings) that make up their formal instruction.² A seminar works best when the issues arise “naturally” out of prior work and experience.

2. A **tutorial** is either a one-on-one session between a teacher and a student, or a very small group (three or four) of students and an instructor, where the learners are at least as active in discussion and presentation of ideas as the teacher. Seminars can range from six or more students, up to 30 students in the same group. Because the general perception is that seminars work best when numbers are relatively small, they tend to be found more at graduate level or the last year of undergraduate programs.

3. Workshooppii:-Workshooppiiin kaayyoo adda addaatif dhaabbilee adda addaatiin qophaa'a. Workishooppiiin barnootaa garuu akka waliigalaatti jaarmayaan ykn dhaabbanni kaayyoofi galmi barnoota dhimma isaanii godhanii hojjatan meeshaalee barnootaa omishuu, qopheessuu, gulaaluufi beeksisuuf gargaara. Kanaafuu, fakkeenyaaaf biiroon barnootaa meeshaalee barnootaa qopheessuuuf, kitaaba barataa qopheessuuuf, meeshaa deeggarsa barnootaa qopheessuuuf workishooppii qopheessuu ni danda'a.

Workshops it is generally organized by an institution or association in order to develop certain instructional materials, book, resources material, supportive material, work book etc. Workshops can be organized to develop certain skills of teachers. Teachers could be trained

in certain new laboratory skills, develop a question bank, analyze question in set different examinations and suggest reforms. A workshop could mean hard and concentrated work on the part of experienced teachers to create certain educational materials. A workshop comprises a small, selected group of teachers or experts drawn from actual working situations or related experts who theories on the activities.

4. **Siimpooziyeemiin:**-Dhaabbilee leecalloo gaarii qaban keessatti barsiisotaatiin dhiyaachuu danda'a. Kaayyoon siimpooziyeemii dhimmoota dagaagina ogummaatiin walqabatan irratti barsiisota manniin barnootaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'inaatiin qophaa'ee dhiyaachuu danda'a. Siimpooziyeemiin yaada ijoo dhiyaatuun walqabatee ogeessa damee dhimmadhiyaatuu cuunfee dhiyeessu barbaada. Haalli dhiyaanna siimpooziyeemii haala waraqaa qorannootiin, haala qeqaatiin, haala gulaallitiin dhiyaachuu danda'a.
5. **Symposia:**-It can be organized by a group of teachers in a resourceful institution to focus on important issues that are related for the professional growth of secondarily and senior secondary teachers. The messages, issues, problems to be discussed need to be systematically outlined for worthwhile discussions and for arriving at some meaningful conclusions. It comprises experts in a field which could be drawn from different fields focusing the theme. The presentation could be in the form of a research paper, a review, or a model to visualize professional problems and issues in a given context.

Waraqaa Saminaarii (seminar paper) qorannii namni tokko ykn garee murtaa'e tokkoon qophaa'ee jamaa garee ogummaa sanaatiif dhiyaatu. "A seminar paper is record of word yousay to the group about a topic you have studied." Jechuun ibsa. kanarra kan hubatamu waraqichi mata duree barbaachisaa ta'erratti qophaa'ee garee saminaarii tokkoratti kan dhiyaatu ta'uudha. Waraqichis yeroo hedduu nama qormaata ykn barattoota sagantaa eebaan booda hordofaniin dhiyaata. Waraqaa kana qopheesssunis adeemsa qoranno guddaa fuulduratti adeemsisuuf barattooni shaakalaa akka of qopheessaniif gargaara. Saminaarri yaadiddama barachuu (constructivist theory teaching) keessaa isa tokko.

Gaaffiiwwan Ofmadaallii

Gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii ifaafi gabaabaa kenni

1. Seminaarri maali?

2. Seminaarri maal fa'aa miti?

3. Seminaara mala barachuufi barsiisuu hafanirraa maaliin adda ta'a?

4. Seminaarri bal'inaan dhimma barnootaa sadarkaa olaanaa keessatti rawwatamu maaliif jedhame?

5. Seminaarri qophiifi dhiyeessa akkamiit barbaada?

1.2.Kaayyoofi Galma Saminaaraa


Kaayyoofi galmi seminaaraa adeemsa barnootaafi shakala qophii seminaaraa keessati barattoonni dandeettii yaadqalbii yaadilaalchaa sadarkaa olaanaa (higher level cognitive and affective objectives) akka gonfatan taasisuudha. Dandeettiwwan sadarkaa olaanaa kunniin shaakala muraasaafi yeroo gabaabaa keessatti kan gonfataman osoo hintaane tattaaffii obsa qabeessafi carraaqqii ogummaan deeggarame kan yeroo dheeraa barbaadu.

1.2.1. Kaayyoo Dagaaginsa Yaadsammuu (Cognitive Objective)

Kaayyoon seminaaraa kun barattoonni (dhiyeessitoonni seminaaraa) adeemsa qopheessaafi dhiyeessa seminaaraa keessatti dandeettii yaadsammuu olaanaa (higher level cognitive ability) akka gabbifataniif gargaara. Dandeettiwwan sadarkaa olaanaa kunniinis qaaccessuu (analysis), madaaluu (evaluation) fi kalaquu/uumuu (creation/synthesis) faadha. Kanaafuu, barattoonni kaayyoo sadarkaa kanaa gonfatan waan barataniifi waan qoratan yaadachuu (remembering), hubachuu (understanding) fi hojiirra oolchuu (applying) qofa osoo hintaane gadifageenyaan xiinxaluu, madaaluu kalaquu danda'uudha.

Kana malees,gaaffiifi yaada dhiyeessicharratti ka'aniif barattooniibsa gabbataa kennuufi yaada namootaa tasgabbiin simatanii obsaan faccisuu akka danda'an dandeettii cimaa isaan gonfachiisa.

Akka waliigalaatti, sadarkaan dagaagina kaayyoo yaadqalbii gara jalaa olee (sadarkaa salphaarraa gara sadarkaa walxaxaa ykn olaanaatti) akka armaan gaditti dhiyaate fakkaata.



Danaa dagaaginasadarkaalee kaayyoo yaadsammuu


1.2.2. Naannoo Yaad-IIaalcha (Affective Domain)

Kaayyoon seminaaraa kun barattoonni (dhiyeessitoonni seminaaraa) adeemsa seminaara qopheessaafi dhiyeessuu keessatti dandeetti yaadilaalcha olaanaa (higher level of cognitive ability) akka gabbifataniif gargaara. Dandeettiin yaadilaalchaa miira ykn currisaan kan walqabatu yommuu ta'u gabaabbinaan hirmattota seminaarichaa gidduutti; bal'inaan ammoo jirenya isaanii guutuu keessatti miira walta'iinsaa, miira walgargaarsaa, miira waliif obsaa, ... akka gabbifataniif gargaara.

Kana malees, seminaarri amala gaarii waan gabbisuuf tattaaffii nama tokkoo fudhachuufi deebii kenuufirra darbee dinqisiifachuufi amaleeffachuu irratti gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, namoonni muuxannoo seminaara qopheessuu bal'aa qaban yaadaan mormu malee nama yaadicha dhiyeesse mormuurratti hinfulleffatan.

Namoonni waan nuti hinfeeneefi hindeeggarre ykn ammoo waan nu mufachiisu dubbachuu danda'u. Kanaafuu, yaanni seminaararratti dhiyaatu dhimmicha dhiyaatuun ala hinta'in malee gama fedheenillee yoo ta'e akka dhiyaatu jajjabeessuufi simachuu malee akka ittisun, xiqqeessuufi ija tuffiitiin ilaaluun akka hanqina dandeettii yaadilaalcha dhiyeessaa seminaarichaatti ilaallama.

Akka waliigalaatti sadarkaaleen dagaagina kaayyoo yaadilaalchaa seminaaraa sadarkaa salphaarraa gara sadarkaa walxaxaatti haala armaan gadiitiin agarsiifamee jira.



Danaa dagaagina sadarkaalee kaayyoo Yaadilaalchaa

Gaaffiiwan Ofmadaallii

Gaaffiiwan Armaan gadiitiif deebii kenni

1. Kaayyoowwan seminaaraa maalfaadha?

2. Dandeettiowan sadarkaa olaanaa kaayyoo yaadqalbi maalfaadha?

3. Dandeettiowan sadarkaa olaanaa kaayyoo yaadilaalchaa maalfaadha?

4. Namni tokko kaayyoo sadarkaa olaanaa yaadqalbi/yaadilaalchaa gonfachuufi dhiisuu akkamitti mirkaneeffatama?

5. Garaagarummaa caaccuuwwan kaayyoo sadarkaa olaanaafi kan kaayyoo sadarkaa gadaanaa kan yaadqalbis ta'ee kan yaadilaalchaa maali?

2. Gosoota Saminaaraa

Seminaarri barattoota barnootaa sadarkaa olaanaa muummee tokko keessatti barataniin yookaan ammoo namoota damee ogummaa ykn beekkumsaa walfakkatu qabaniin dhimmoota ciccimoo filatanii qorachuun kan qopheessanii kan dhiyeessan yommuu ta'u, sadarkaa bal'inaafi uwvisa kaayyoo isaatiin gosoota afur qaba.

2.1.Saminaara Bicuu (Mini Seminar)

Seminaarri biciun kutaa barnootaa keessatti akka marii gareetti raawwatama. Kanarratti, barattoonni muraasni hoggansaafi deeggarsa barsiisaatiin mata duree qabiyyee barnootaarratti qophaa'ee daree barnootaa keessatii mariifdhiyaatu. Seminaarri gosa kanaa akaakuwwan semiinaaraa hafan kaawwaniif bu'uura. Kanaafuu, barattoonni adeemsa barnootaa keessatti mata duree barnootaa filatanii qorachuu, gareef dhiyeessuu, marii taasisuu, hogganuu, qooda fudhachuufi dabaree eeggatanii dubbachuu adada adadaan akka shaakalanii seminaara sadarkaa dhaabbataa ykn sadarkaa jaarmayaatti gaggeeffamuuf muuxannoo akka argataniifi sadarkaawan itti aananiif akka qopheessaniif gargaara.

2.2.Saminaara Muummee (Main Seminar)

Seminaarri muummee seminaara bicuu irra hamma tokko bal'aadha. Akka seminaara bicuu mata duree koorsii tokkoorratti kan dhiyaatuufi gola barnootaa keessatti kan dhiyaatu osoo hinta'in sadarkaa muummeetti damee qorannoo sanaarratti hubannoo cimsuufi beekkumsa babal'isuuf qophaa'a. Qophii isaa sadarkaa dhaabbatattis ol siiquu ni danda'a. Qooda fudhattoonis barsiisaa koorsii tokkoofi barattoota koorsichaa qofa osoo hintaane barattootaafi barsiisota muummee sanaa hunda kan hirmaachisu ta'uu danda'a. Dhiyeessitoonni seminarichaallee barattoota qofa osoo hintaane barsiisotaafi ogeeyyiif damee ogummaa sanaa dabalachuu nidanda'a. Leecalloon kanaaf barbaachisu kan semiraa bicurra bal'aadha. Seminaarri gosa kanaa ji'a ji'aan haala sagantaa dhaabbataa ta'een sadarkaa muummeetti raawwatamuu danda'a. Seminaarri gosa kanaa yuniversiitiwwan sagantaa digrii lammaffaa qaban biratti sagantaa baramaadha.

2.3.Saminaaraa Biyyolessaa (National Seminar)

Saminaarri gosa kanaa jaarmiyaaleefi waldaalee mootummaafi miti mootummaa sadarkaa biyyattiitti beekkumtii qabaniin dhimma akka wiirtuutti filatamee tokkoratti ogeeyyiif dhimma

filatame sana ibsa kennuu danda'an haala addaatiin affeeroon dhiyaata. Dhimmi seminaara sadarkaa kanaarratti dhiyaatu dhimma ogummaa tokkoo haata'u malee sadarkaa biyyooleessatti xiyyeffannoo guddaa kanniin qaban ta'uu qaba. Fakkeennaaf, waa'ee qulqullina barnootaa, waa'ee guddinaafi dagaagina afaan dhalootaa, waa'ee sirna duudhaa tokkoo ta'uu danda'a, Qindeessaa seminaarichaa sagantaa guutuu baasuu gochawwan qopheessuun milkaa'ina kaayyichaatiif hojjata.

2.4.Saminaara Addunyaaleessa (International Seminar)

Seminaarri gosa kana dhaabbileefi jarmiyaalee gurguddoo sadarkaa idil-addunyaatti beekkaman ykn bakka bu'uta isaaniitiin raawwatama. Dhaabbileen gurguddoon akkanaa akkiin akkaUNESCO (United States Education, Science and Culture Organization) dhimmoota barnootaa, saayinsiifi aadaa irratti qorannoowwan babal'aafi liixxa ta'anirratti saminaara gaggeessuun rakkofis haa ta'uu kunuunsaaf marii dhiyeessu. Seminaarri akkanaa dhimmota akka idil-addunyaatti yaachisoo ta'anirratti haa dhiyaatu malee hambaawan aadaa hawaasaafi too'anno godhu. Dhimmoonnis waa'ee eegumsa naannoo, addunyaaleessummaa (globalization), waliigaltee human atoomikii (atomic energy agreement) dhimma imaammataa, meeshaalee waraanaa balaafanoo, kunuunsa sonaalee aadaa, (Sirna Gadaa, Irreecha, Masqala, Cambalaala, gamoowwan aadaa, hambaalee aadaafi holqawwan uumamaa, ...) seminaara dhiyeessuu danda'a. Uwwisni seminaara gosa kanaa dhimmi xiyyeffannoo tokko yaata'u malee uwwisni isaa gama ogeeyyi argamaniitiin, mirii dhiyaatuutiin, baasii qophichaaf dhiyaatuutiin, hirmaattotaatiin baay'ee bal'aadha.

Gaaffiiwan Ofmadaallii
Gaaffiiwan armaan gadiitiif deebii kenni

- 1) Gosooni seminaaraa maalfaadha?

- 2) Kaayyoon seminaarri bicuu maali?

- 3) Seminaarri muummee seminaaraa bicuurraa maaliin adda ta'a?

- 4) Xiyyeeffannoon seminaarri biyyolessaa maali?

- 5) Seminaarri idil-addunyaa qaama akkamiittu kaayyoo maaliif qophaa'a?

3. Gahee Hirmaattota Saminaaraa

Dhiyeessa seminaaraa keessatti qaamota adda addaatttu gahee adda addaatiin hirmaata. Koreen kun dura taa'aa ykn pirezidaantii, barreessaa korfiifi ogeessa dhimma filatamerratti qorannoo dhiyeessu. Seminaarri koree dhimma kana qofaaf hundaa'een qophaa.ee adeemsifama. Qaanii hundinuu gahee mataa isaanii qabaachuun seminaarrichi haala qajeelaa ta'een akka raawwatamuufi akka milkaa'uuf gargaara. Qoodafudhattoonni seminaaraa kanniin ta'an qindeessaa, pirezidaantii, dhiyeessaa, hordoftoota/jamaafi keessummoota.

3.1. Gahee Haalmijeessaa Saminaaraa

Haalmijeessaan seminaaraa qindeessaa seminaarichaati. Qindeessaan qophii seminaaraa milkaa'ina seminaarichaa guutummaan qajeelchuun hoggana. Itti gaafatammaawwan armaan gadii kanniinillee ni qabaata. Isaanis:-

- ✓ Sagantaa seminaarichaa guutummaan karorseeee qopheessa.
- ✓ Dhaamsa waliigalaa seminaarichaa ni murteessa (decide the theme)
- ✓ Qophii seminaarichaa namoota adda addaatiif qoqqooda. (Gahee kenna)
- ✓ Nama seminaaricha dhiyeessu ramada

3.2. Gahee Pirezidaantii Seminaaraa

Pirezidaantiin seminaaraa akka waliigalaatti hoggaanaa dhimma seminaarichaati. Hogganaan seminaarichi mata duree filatamerratti akka dhiyaatu qajeelcha olaanaa kennuu qofa osoo hintaane kaayyoofi galma seminaarichaallee ni hordofa.

3.3. Gahee Dhiyeessaa Saminaaraa (Speaker)

Gaheen dhiyeessaa seminaaraa dhimma mariif filatamerratti qorannoo isaanii dhiyeessu. Hirmaattonni dursanii akka qophaa'aniif jecha ijoo marii isaanii dursanii hirmaattota beeksisu. Kana malees ijoo seminaara isaanii qopheessuu akka mijatuuf fakkiiwwan, gabateewwan, suuraawwaniifi gabateewwan adda addaatiin deeggaramanii qabxiwwan Ijoo (power point) qopheessuufi jamaaf dhiyeessuudha.

3.4. Gahee Hordoftoota/Jamaa Seminaaraa (Participants)

Qophii seminaaraa tokkoratti hirmaattonni 10-50 argamuu qabu hayyooni jedhan jiru. Akkaataa seenaa dhufaatii seminaaraa keessatti ammoo nama tokko wajjiinis seninaara dhiyeessuun akka dandamu ibsama. Haata'uuti seminaarri akka kutaa odibsaa ykn akka walghii garmalee baay'achuu hinqabu. Hirmaattonni qophii seminaaricha irratti argamuu isaaniitiif qophii xiinsammuu jabina hamilee, muuxannoofi odeeffannoo guddaa horatu. Yaada mata duree seminaaraa ta'uu danda'ullee yaadota ka'anirraa horachuu danda'u. Kanaafuu, hirmaattonni keessaahuu dhimma dhiyaatu sanaan hariiruu ogummaa qaban hirmaachuuf yaadaan ofqopheessuufi yeroon argamanii guutumatti hirmaachuu qaban. Kana malees, tattaaffii dhiyeessaa dinqisiifachuufi gaaffifiyaadgabbisa isaanii ifaan dhiyeessanii ibsa kennamu obsaan hordofuu qabu. Hirmaattota keessaa namoonni gaaffii gaafataniifiyaadgabbisa kennan waan jiraataniif yeroon akka hin qisaasamne gaaffifiyaadgabbisa isaanii yeroo gabaabaa keessatti haala gabaabaafi ifaa ta'een dhiyeeffachuu qabu.

3.5. Keessummoota Seminaarichaa (Observer)

Qophii seminaara tokkoorratti keessattii keessummooni kabajamooadda addaa akka hirmaataniifi yaada gama ogummaafi imaammataatiin qaban akka kennan taasisuun hubannoo akka cimu taasisuun nidanda'ama.

4. Tooftaawan (Moodeeloota) Filannoo Mata Duree

Mata duree qorannoo seminaaraa filachuuf muuxannoo moodeelota adda addaa fayyadamuufi filannoo mata duree gaaree raawwachuuun nidanda'ama. Moodeelonni filannoo mata duree qorannoo seminaaraa beekkamoon kanniin armaan gaditti dhiyaatan.

4.1. Moodeela Dammaqiinsaa Sammuu (Flash of Brilliance Model)

Moodeelli kun akkamuma mul'ataa hafuuraa sammuun yaada haaraa addaatiin dammaquu ilaallata. Yaanni haaraan kun tooftaa addaa asiin dura hin yaalamin rakkoo tokkoof furmaata laachuuf gargaaru ta'a. Moodeelli akkanaa baay'inaan kan hin argamne ta'ullee osoma ta'eyyuu gorsaa argachuun rakkisadha.

4.2. Moodeela Haarolle (The Apprentice Model)

Moodeelli kun toorii (list) mata dureewwanii kan gorsaan ykn barsiisaan barataa ykn qorataa haaraaf dhiyeessuu keessaa dhimma qorannoo seminaaraa filachuu ilaallata. Barsiisaan mata dureewwan qabu keessaa filatee barataa ykn qorataa haarolleef dhiyeessa. Baratichi ykn qorataan haarollichis mata duree kaayyoo isaa wajjiin deemu filaatee seminaara irratti dhiyeessuu danda'a jechuudha. Moodeelli kun dhiphina barbaacha mata duree seminaaraa irraa nama baraarsa. Haata'u malee, qorataan haarolleen mata dureen filate nuffisiisaa, irra deddeebi'amaa, abdii kutachiisaa akka hin taane baay'ee of eeguu qaba.

4.3. Moodeela Muuxannoo(The Phoenix Model)

Moodeelli kun mata dureewwan, pirojektiwwanfi fuulleffannoo hojii asin dura raawwataman irratti gadi fageenyaan yaaduun hubannoo haaraa qorannoo haaraaf ta'u hundeessuudha. Seminaara gosa kanaa keessatti mata dureen hojima asin dura raawwatamaa turanirraa madda.

4.4. Moodeela Walqabsiisaa (The Stapler Model)

Moodeelli kun yaada mata dureewwan qorannoo garaa garaa xixiqqoo asin dura walitti fufiinsaan (series of conference) hojjataman hunda bakka tokkotti walitti fiduunii qindeessuu mata duree qorannoo tokko hundeessuudha. Haata'u malee mata dureewwan xixiqqoo adda adda asin dura hojjatamna walqabsiisuun rakkisaa ta'uu danda'a.

4.5. Moodeela Qindeessaa (The Synthesis Model)

Moodeelli kun waraqaaawan qorannoo ogummaa gara biroo qorachuudhaan akka moodeelaatti qabachuufi muuxannoo gama sanaan jiru gara xiyyeffannoo ogummaa ofiitti fiduun mata duree qorannoo pirojekti tokko hundeessuudha. Haata'u malee moodeelli kun akka tasaa yoo namaa milkaa'e malee waraa ogummaa biroo gara ogummaa ofiitti fiduuf kaayyeffatanii dubbisuun yeroo fixuufi hariiroo waan qabu dhabuu ni mala.

4.6. Moodeela Dagaaginsaa (The Expanded Term Project Model)

Moodeelli kun koorsiwwan jirojektti barnootaaf ykn leenjiif fudhatanirraa yaada haaraa (new perspective) maddisiisuun hundeffama. Kanaafuu si'aa'inni barattoonni yommuu baratan horatan qorannoo adeemsisuufi seminaara qopheessuuf akka madda mata dureetti isaan gargaaruu danda'a.

4.7. Tooftaa Mata duree Seminaaraa Maddisiisuu

Yeroo tokko tokko mata dureen seminaaraa madduu dhiisuu mala. Kanaafuu, rakkoon akkanaa yoo mudate mata dureen qorannoo seminaraa toftaawwan adda addaatiin akka maddu taasisuun nidanda'ama. Tooftaawwan mata duree seminaaraa maddisiisuu hedduu keessaa muraasni kanniin armaan gadiiti.

- ✓ Naannawa dhimma qorannoo haaraa adeemsifamuu barbaaddamee irratti wantoota sadarkaalee MA, PHD irratti qoratamee barreffame dubbisuu,
- ✓ Wixineewwan qorannoo gorsaa kanniin fudhatama argatan dubbisuu,
- ✓ Daree barnootaa koorsii pirojektti akka haaraatti hordofuun kaka'umsa horachuu
- ✓ Barattoota hangafaa sadarkaa PhD irratti qorannoo gaggeesaniif gargaaraa qorataa (apprentice to a senior PhD student) ta'uun muuxannoo adda addaa horachuu,
- ✓ Namoota muuxannoo babal'aa qaban irraa yaadgabbisaafi yaada fudhachuu,
- ✓ Koonfaransiwwan qorannoo adda addaa irraa qooda fudhachuun muuxannoo qabatamaa gabbifachuudha.

Gaaffiiwan Ofmadaallii

Gaaffiiwan armaan gadiitiif deebii ifaafi gabaabaa kenni

Moodeelota mata duree seminaaraa filachuun gargaaran kanniin armaan gaditti tarreeffamaniif ibsaafi fakkeenyaa mataa keetii kenni!

1. Moodeelli dammaqiinsa sammuu akkamiiti mata duree filachuuf gargaara?

2. Moodeela Haarollee (The Apprentice Model)

3. Moodeela Muuxannoo (The Phoenix Model)

4. Moodeela Walqabsiisaa (The Stapler Model)

5. Moodeela Qindeessaa (The Synthesis Model)

6. Moodeela Dagaaginsaa (The Expanded Term Project Model)

5. Saminaara Karoorsuu (Planning Seminar)

5.1.Sakattaa Amala Sansakaa Keessoo Ofii Beekuu

Seminaara qopheeessanii dhiheessuu irratti haalli (sansakni) nama tokkoo murteessaadha. Sansakawan samiraa dhiyeessuu ykn dhiyeessuu dhiisurratti mul'atan keessaa muraasni kanniin armaan gadii keessaa isa tokko ta'uun danda'a.

1. Baqataa (Avoider)

Namni akkanaa fuullee jamaa dhaabbataa seminaara dhiheessuuirratti soda ykn jibba qabu qophicha miliquuf waan namoonni amala akkanaa qaban dursaniii hojii seminaara qopheessuufi dhiheessuu gaafatu keessatti hirmaachuu fi mindeeffamuu irraa of quSATU.

2. Ittisoo (Resistors)

Namni sansaka akkanaa qabu jamaa fuulduratti haasaa dhiheesuu sodaata. Sodaanisaalle haasaa dhiheessuu akka gahee hojiiisaaniitti dhiheessuu irraa hinbaqatan ta'uun mala garuu gonkumaa gocha akkanaa hinjajabeessan.

3. Simataa (Acceptor)

Namni sansaka akkanaa qabu seminaara qopheessuufi dhiheessuu akka qooda hojii idilee isaatti fudhata. ta'ullee carraawan akkanaa kanniin hinfedhu. Namoonni akkanaa darbanii darbanii qophii addaarratti kan dhiheessan yommuu ta'u kan raawwachuu isaaniitiif waangaarii hojjachuu isaaniitu itti dhagahama. Inumaayyuu carraa dhiheessuu takkaa yoo argatan jamaafulleetti yaada amansiisaa dhiheessuu isaaniitti nigammadu

4. Dandeeffataa (Seeker)

Namoonni sansaka akkanaa qaban carraa haasaa seminaaraa ittiin dhiheessan ta'e jedhanii barbaadanii argatan. Sodaan (anxiety) seminaara dhiheessuu fi qopheessuu irratti akkan humna isaan si'eessuutti fudhatu. Dandeeettii qunnamtii ogummaa fi ofitti amantummaa isaanii gabbifachuu amananii hojjatu.

5.2.Dhiphina/ Sodaan to'achuu (Controlling Anxiety)

Sodaan uumama waan ta'eef hojii murteessan yoo qabamne akka malee yoo dhiphanne yeroo kamuu uumamuu nidanda'a. Kanaafuu, seminaara qopheessanii dhiheessuu keessatti sodaan waanuma jiraatu. Seminaara irratti sodaan haala kanaan yoo uumamu jijiiramni xiinsammuu waanumamuuf mar'imaan gubaan, dafquun, kirkiruun, hollachuun arrabni nama wal-hidhuun, hafuurri addaan cituun (harganuun) uumamuu danda'a.

Kanaafuu, dhiphinni, sodaan uumama waan taheef hir'isuu maale hambisuun gonka hindanda'amu. Sodaan osoo daangaa hindarbin itti fayyadamuun yoo itti baramee fi yoodanda'amehumnaa fi kaka'uumsa hojii namatti hora. Kanaafuu, sodaan uumamaan jirtutti of dhiphisuun karaarraa of balleessuu osoo hin taane akka sissi'eessituutti itti gargaaramuu kaayyoo dhiyeessa (presentation) keenna galmaan ga'achuurratti fuulleffachuu qabna. Tooftaawwan dhiphina maqsuu (Managing Anxiety) muraasni kanniin armaan gadiiti:

- Qophii gahaa taasisuu
- Waan qabatamaan mul'atutti fayyadamuu
- Shaakala (qophii) gahaa taasisuu
- Hafuura dheeraa baafachuu
- Tooftaa fi adeemsa qophichaa (waltajjii) ittiin too'ataniifi itti madaalan qabaachuu
- Of-gammachiisuu (relaxing)
- Humna sodaan uumamee ittiin hojjachuun dhiphina ofirra hamisuu
- Yeroo dhiheessaa bakka tokko dhaabbachuurraa suuta asii achi socho'uu
- Jamaa ijaan to'achuufi miiraan to'achuu ykn simachuu

5.3.Sadarkaalee Qophii Seminaaraa

1. Mataduree Filachuu

Adeemsi saminaara qopheessuu sadarkaawan adda addaa keessa qaxxaamura. Sadarkaawan argaman keessa kan jalqabaa mataduree madaalawaa filachuudha. Yaada kana (Luqaas 2001:74), “The first step in making speech is choosing a topic,” jechuun ibsa.

Namni saminaaraa qopheessu jalqaba mata duree filachuu qaba. Mata duree filachuun hojiwwan seminaaraa kaawan caalaa hubannoofi dhamaatee guddaa gaafata. Qopheessaan saminaaraa yeroo mata duree filatu xiyyeffannoo gahaa ta’e laachuu qaba.

Barratoonni mata dureewwan adda addaa walbira qabuun filachuu qabu. Mata duree filachuun barattootaafi ogeeyyi kan danqu ta’ullee ciminaan taasifamu qaba. Mata dureen karaa hedduu filatamuu yoo danda’el ee, waraqaa saminaaraaf kallaattii lamaan yoo filatame gaarii akka ta’u niyaadama. Isaanis mata dureewwan bal’inaan qorataan beekuufi dhimmoota qoratichi bal’inaan beeku barbaadu ta’u qabu.

Mata duree seminaaraa filachuun walakkaa seminaarichaa akka raawwatameetti ilaallama. Sababnis mata duree filachuun baay’ee rakkisaafi fedhiin qorataa illee naannoo mata dureerratti waan calaqqisuufi

2. Matadureewan Bal’ina Madaalawaa Qaban Filachuu

Qorataan tokko yaada gahaafi bal’ina qabu dhiyeessu kan danda’u yoo hamma dhiphinaafi bal’ina mata durichaa qajeellootti beeke. Akka qorannoona adda addaa agarsiisuutti namoonni mata duree beekanirrattti bal’inaan yaada ibsanii dubbachuu danda’u. Yaada kana (Luqaas 2001:75) yommuu ibsu, “Most people speak best about subjects with which they are most familiar,” jedha.

Namni kamiyyuu Yammuu yaada isaa ibsuuf gaafatamu haala bal’aa ta’een kan dubbachuu danda’u waa’ee mata duree kanaan dura beekuuti. Fedhiifi beekumsa gahaa ta’e kan horatu mata duree beekurrattti. Mata duree baay’inaan hinbeekamne irratti dubbachuu namaaf hint’u. Kanaaf, qorataan kamiyyuu mata duree kanaan dura beekumsa irratti qabu yoo filate bu’aa bu’aa gaarii agarsiisuutti danda’u. Mata duree beeku yommuu jedhamu ammoo kanuma asiin dura

irratti hojjate jechuu osuu hintaane mata duree gara ogummaa isaatiin mooyxaa irratti qabu jechuudha.

3. Bu'aa matadurewwan Beekamoo Filachuu

Qorataan yookaan barataan saminaaraa qopheessu tokko mata duree yemmuu filatu waa'ee (naannoo) ogummaa barnootaafi qorachuuf fedhii qabu yoo filate bu'a qabeessa ta'a. Akka qorannoowwan adda addaa ibsanitti barattooni akkasumas qorattooni hedduun waraqaa saminaarii qopheessuu carraa ittiin baratan taasisanii fudhatu. Waa'ee mata durichaas yemmuu baruu barbaadan saminaarii qopheessuuf mataduricha filata. Yaada kana (Luqaas 2001:76)

“You may decide to make your speech a learning experience for your self as well as for your audience. You may choose a subject about which already have some knowledge or expertise but not enough to prepare a speech without doing additional research. You may even select a topic that hasn’t taught you at all before but that you want to explore.” jechuun ibsee jira.

Qorataan tokko dhimma barachuu barbaadu keessaa yammuu mata duree filatu muuxannoo armaan dura qabu fayyadamuu nidanda'a. Naanno filannoo isaa barnoota barachaa jiruufi qorannoo geggeessuun murteessuu nidanda'a. Gabaabumatti naannoo mata duree tokko filatamu naannoo dalagaafi beekumsi qorannichaa itti mul'atu yoo ta'e bu'a qabeessa ta'a.

4. Mata duree Maddisiisuu (Brainstorming For the Topic)

- a) **Yaada burqisiisuu:**-Jalqabaaf muuxannoo kanaan dura qabnu gargaaramuun fedhii, hawwii, amantiifi kan kana fakkaatan qabnurratti hundaa'uun mata duree adda addaa maddisiisuufi tarreessuudha. Yeroo kana otoo daangaa yaada keenyaa himmurteessiin waanta (mata duree yaada keenyaa keessatti dhangala'u hunda tarreessina. Tooftaan kun qorattoota akka gargaaru niamanama.
- b) **Wantoota mata dureen qoqqooduu:**-Tooftaan inni jalqabaa kan hingargaarre ta'e wantoota (yaadota) haala adda addaatiin qoqqooduun tarreessuu barbaachisaadha. Yaadota adda addaa kan akka yammuu sammuu qorataatti dhufan gabateedhaan qoqqooduun haala walitti dhufeinya saanii tarreessuudha. Adeemsa kana keessatti xiinxalli miidhaafi faayidaa (cost and benefit analysis) taasifamuu danda'a.

- c) **Mana kitaaba fayyadamuu:-** Tooftaalee kanaan olii fayyadamuu qorataan tokko yoo mata duree barbaadame argachuu baate sakatta'insa mana kitaabaa adeemsisu qaba. Qorataan kun mana kitaabaa adeemuun kitaabota adda addaa kan akka insaayikiloopidiya, gaazexoota, barruuleefi kkf dubbisuun mata dure barbaadu argachuu danda'a.
- d) **Sakatta'a Interneetii:-** Inni kun tooftaaleen biroo yoo gargaaru baatan, qoratataan ykn barataan tooftaa kana gargaaramee mata duree filachuun nidanda'a. Sakata'insa intarneetii tooftaalee isaan kaan caalaa, bu'a adda ta'e niqaba. Qorataan hanga mata duree sirrii ta'e filatuutti filannoo baayyee bal'aa ta'e argata. Yeroo gabaabaa keessatti mata duree hedduuf tooftaan kun nigargaara.

Dimshaashumatti, mata duree saminaarii tooftaalee adda addaa gargaaramuu filachuun nidanda'ama. Mata duree filachuunis adeemsa ykn sadarkaa isa jalqabaati. Barataan yookiin qorataan kamiyyuu battaluma hojiin keennameef yoo mata duree filachuuf sakata'insa eegalu tooftaalee isa salphhaarraa gara isa ulfaataatti adeemuun fayyadamuu yeroo qusannaaf gaariidha.

5.4. Sakata'insa Mana kitaabaa Taasisuu

Qorataan tokko saminaara qopheessuuf yommuu karoorfatu mana kitaabaa akkamitti sakatta'u hubachuu qaba. Adeemsa warqaa saminaaraa qopheessuu keessatti sakatta'insi mana kitaabaa gochuun sadarkaa lammaffaati. Mana kitaabaa beekuu akka odeeffannoowwan barbaachisaa ta'an argannuuf nu fayyada. Mana kitaabaa haala gaarii haala gaariin sakatt'uuf tooftaalee gargaaran hedduu yommuu ta'an muraasni kanniin armaan gadiiti.

5.4.1. Hojjettoota Mana kitaabaa (Librarians)

Qorataan waa'ee mana kitaabaa gadi fageenyaan beekuu hindanda'u ta'a. Yeroo kana hojjeettoota mana kitaabaa gargaarsa hojjettoota mana kitaabaa gaafachuun isa fayyada. Hojjettooni mana kitaabaa qaama kamiyyuu caalaa mana kitaaba ilaachisee odeeffanno namaan kennuu akkasumas gargaarsa ijoo kennuu danda'u.

5.4.2. Kaataloogota (Catalogues)

Kataloogoonni gosoota gurguddoo lama qabu. Isaanis Kaataaloogii kaardiifi kaataaloogii koompiiyutaaraa jedhamuun beekamu. Teekinoolojii irraa kan ka'e yeroo ammaa manneen kitaabaa hedduun kaataloogii koompiyuutaraa bal'inaan gargaaramaa jiru. Isaan muraasni isaanii lameenuu gargaaramu. Kanaaf, qorataan tokko mana kitaabaatti barbaachi kitaabotaa akka yeroosaa hingubneef yeroo gabaabaa keessatti akkaataa kaataaloogii mana kitaabaatti ittiin gargaaraman beekuu qaba.

5.4.3. Lakkoofsa Moggaasaa (Call Number)

Lakkoofsi maggaasaa kun kitaaboleen mana kitaabaa mana kitaabaa keessa jiran akkaataa isaan qoqqoodamaniifi iddoo itti argaman muli'sa. Kunis lakkoofsaafi qabee muraasaan (yeroo baay'ee qabee sadi) barreffamee kan argamudha. Kana jalattis barri maxxansaa kitaabichaalle barreffamee qophaa'a.

5.4.4. Insaayikiloopidiyaa Gargaaramuu (Encyclopedia)

Mana kitaabaa hedduu keessatti Insaakiloopidiyaa Birtaanikaafi Insaayikiloopidiyaa Amarikaanaa kitaabonni jedhaman hidhaa (Volume) walitti fufaa hedduun ni argamu. Meeshaalee kanneen hanga danda'ametti gosa barnootaafi mata duree danuu ta'anirratti beekumsa bal'aa ta'e dhiyeessu. Kanaafuu, qorataan saminaaraa tokko qopheessu qorannoosaa bakkee kanaa yoo jalqabe gaariidha. Insaayikilopidiyonni tartiiba qubeetiin qindaa'anii qophaa'u.

5.4.5. Galmee jechootaa gargaaramuu (Dictionaries)

Galmeen jechootaa waa'ee jecha tokkoo ilaachisee yaada bal'aa ta'e dhiyeessu. Qorataan tokko hiikkaa jechi tokko gama adda addatiin qabu beekuu yoo barbaade galmee jechootaa olaanoo (advanced) gargaaramuu qaba.

5.4.6. Kitaabota Waggaan Maxxanfamu (Year books)

Akkuma maqaa isaaniirra hubatamutti kitaabonni kanneen waggaa waggaan ykn bara baraan kanniin maxxanfaman waan ta'aniif beekkumsaafī handaara (perspective) haaraa hammatanii qophaa'u.

5.4.7. Indeeksota Galaalchaa (Newspaper Indexes)

Indeeksiin galaalchaa adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Faayidaan indeeksii kanaa barruu tokko yookaan sanaa ol kan bifa kataaloogin tarreessee kaa'udha. Fakkeenyaaaf yeroo ammaa kana galaalchaawwan Amariikaa indeeksii mataasaanii qabaatu. Isaan keessas News York, Loss angles Times, The Wall Street Journal, Chirstian News Work Times, Washington Post fi kan kana fakkaatan baay'inaan beekamoodha. Yoo odeeffannoo News Work fi kan kana fakkaatan baay'inaan beekamoodha. Yoo odeeffannoo News Work Time, keessaa argachuu barbaadne indeeksii isaa ilaaluu qabna.

5.4.8. Indeeksii Peeredikaalii (Periodicals Indexes)

Indeeksiin peeredikaalii akkuma kanneen olii odeeffannoo qorannoo argachuuf nama tajaajilu. Adeemsa odeeffannoo qorannoo ykn seminaaraa barbaaduu keesssatti bu'aa ol'aanaa qaba. Indeeksiin Peeredikaalii akkuma kaataloogin kitaaba tokko argachuuf qorataa gargaaru, barreeffamoota joornaaliifi barruulee addaa keessaatti qophaa'n argachuuf gargaara.

5.5. Yaadannoofi Wabii Odeeffannoo Qabachuu

5.5.1. Yaadanno qabachuu

Qorataan ykn qopheessaan saminaara tokko yaadanno qindaawaa haalaan qabachuun dirqama. Hojii qorannoof akka ta'utti odeeffannoo tooftaa gaarii ta'een qabaachuun barbaachisaadha. Odeeffannoo qabachuun dandeettii yeroo dheeraa keessatti guddachuu danda'uudha. Kanaafuu, qorataan tokko dandeettii kana adeemsa keessa gabbifataa deemuu qaba.

5.5.2. Mala Wabeeffannoo

Barataan seminaara dhiyeessu ykn firii qorannoo ibsu tokko, mata dureewwan kitaabolee, barruulee addaa addaa akkasumas galmee adda addaa ilaaluun waan hafuu miti. Yommuu kana mata duree filate wajjin waan walsimatu yoo isa qunname, odeeffannoo fayyadan niqaaata. Odeeffannoo qorataan tokko sadarkaa kanatti qabatu gadi fageenyaan qabachuu dhiisuu danda'a. Sadarkaa sakatta'insa kanarratti meeshaalee adda addaa baruudhaaf kan isa gargaaru argatee, odeeffannoo kitaabichaa argachuuf isa gargaaru galmeessa. Isaanis maqaa barreessaa, mataduree, manaafi bakkaa maxxansaa, akkasumas lakkofsa kardii moggaasaa

5.6.Gulantaawwan Saddeettan Saminaara Qopheessuifi Dhiyeessuu

Gulantaa 1:- Haala JamaaBeekuu (Audience Analysis)

Seminaaraa ykn waraqaa qorannooqopheessuifi dhiyeessuu eegaluun dura jamaa seminaarichaa beekuun murteessaadha. Jamaa beekuuf ammoo fedhiin, ilaalchi, sadarkaan barumsaa, iddoon ykn galmiitti dhiyaatuifi seenduubeen jamaa beekkamuu qaba.

A. Fedhii Jamaa (Need)

Fedhiin namaa garaagara. Seminaarri fedhii jamaarratti hundaa'ee qophaa'uu qaba. Wanti jamaan barbaadu waan qopheessaan seminaarichaa tilmaamu irraa adda ta'uu danda'a. Filannoon qopheessaa seminaaraa fedhii jamaa gituu ykn simachuu dhiisuu mala. Kanaafuu, wanti jamaan barbaaduufi wanti qopheessichi seminaaraa tilmaamu gargar akka hintaane fedhiin jamaa gama bakka bu'aa jamatiin sakattaan fedhii (Need Assessment) gaggeessuun beekkamuu qaba. Natu siif beekaafi natu siif hooqaan bakka namaaf hingeettu. Jamaa seminaaraa akka sangaa loonii afaan habooqanii kiniinii liqmsiisan seminaara fedhii isaanii hin ta'in akka hordofan taasisuun bu'aa hinqabaatu.

B. Ilaalcha Jamaa (Attitude)

Dhimmoota garaagaraarratt ilaalchi namoonni qaban tokkoo miti. Dhimmi nama tokko gammachiisu nama biraadaddisiisuu ykn mufachiisu danda'a. Kanaafuu ilaalchi jamaa mata duree (dhimma) seminaaraa tokkorratti qabu beekkamuu qaba. Jamaan seminaarri dhiyaatuuf dhimma seminaarichaa kanniin jaalatan moo kanniin? Yookaan ammoo walmakaadha? Seenduubeen qabiyyee seminaara sanaa maalfakkaata? Dhimma hirmaattota qoqqooduufi kan waliigalchu?

Fakkeenyaaaf, seminaara seenaa mootummoota biyya Itoophiyaa darbanii dhaadhessu irratti sabaafi sablammoonni biyyattii hundi ilaalcha, jaalalaafi kabaja walfakkaatu qabu moo garaagara? Dhimmoota akkanaafi kana fakkaatan biratti mata duree seminaaraa seenduubee akkanaa namoota ilaalcha adda addaa qabaniif yoo dhiyaate dhimmichi ifattis ta'ee dhoksaan mormii, mufii komii, dheekkamsa kakaasuu waan danda'uuf dursanii eeggannoo taasisuuf murteessaadha.

C. Sadarkaa Barnootaa

Jamaan seminaara tokko hordofan sadarkaa beekkumsaafi handaara hubannoo damee ogummaa (area of specialization) adda addaa irra jiraachuufi hubannoo adda addaa qabaachuu danda'u. Kanaafuu, namni seminaara qopheessee dhiyeessu adda addummaa kana xiyyeffannoo keessa galchuun jechoota ogummaa, jechoota teknikaawaa, kotoonfeewwaniifi gabaajeewwan garaagaraatti fayyadamuun jamaa dhamaasuu irraa of quachuu qaba.

D. Bakka Dhiyeessaa (Enviromnet)

Yeroo dhiyeessi sana bakka (galma) dhiyeessiitti argamuun dura haalli teessoo, bal'inni galmaa, meeshaaleen human ibsaafi sagalee guddistuu jiraachuufi tajaajilaaf qophaa'uu isaanii sakatta'amuufi mirkanaa'uu qabu. Kana malees galmi seminaarri itti dhiyaatu sun jequmsa xiinsammuufi jeequmsa naannoo irraa walaba ta'uun mirkanaa'uu qaba.

E. Seenduubee Jamaa (Demography)

Haalli seenduubee jamaa seminaaraa dhimmoota akka sadarkaa umrii, koorniyaa/saalaa, sanyummaa, gosummaa, amantii, aadaafi afaan, jamaa sanaa hammata. Dhimmoota kanniin keessaa aadaafi afaanii seminaara dhiyeessuurratti dhiibbaa guddaa cimaa dhaqqabsiisuu waan danda'uuf xiyyeffannoonaan adda bahee beekkamuu qaba. Gama tokkoon sadarkaan dandeettiifi beekkumsa jamaa seminaaricha hordofuu kan xiyyefatamuu qabu yommuu ta'u, afaan seminaarri ittiin dhiyaatu afaan hordoftooni arraba ittiin hiikkatan ykn afaan lammaffaa isaanii yookaan ammoo walmakaa ta'uun isaanii addaan baafamee gargarsi barbaachisu irratti qophiin taasifamuu qaba.

5.6.1.1. Xiinsammuu Jamaa Xinxaluu (Psychographic Information)

- ✓ Ilaalcha (Attitude), Sona (Values) fi Dantaa (Interest)
- ✓ Ilaalcha Jamaan haalgalumsarratti qabu Xiinxaluu
- ✓ Ilaalcha Jamaan mata duricharratti qabu Xiinxaluu
- ✓ Ilaalcha Jamaan dubbataarratti qabu Xiinxaluu

5.6.1.2. Haalgalumsa Jamaa (Situational Information)

- ✓ Hamma Jamaa (Audience Size)
- ✓ Haalaafi Akaakuu Taatee Haasawaa (Occasion)
- ✓ Hayyamummaa Jamaa (Voluntariness of Audience)
- ✓ Haala Naannoo (Physical Setting)

Gulantaa 2:- Ijjannoo, Tarkaanfii/Gochaafi Faayidaa/Bu'aa Hundeessuu

Qaama qabiyee seminaaraa qindeessuun duraafi erga xiinxalli jamaa ba'inaan raawwatameen booda, ij�انوو, tarkaanfiifi bu'aa qopheessuun dhiyeessa keessatti maal raawwachuun akka barbaadame ibsuun murteessaadha.

a) Ijjannoo (Position):-

Ij�انوونhimma ilaalcha matayyaanamni seminaaricha dhiyeessu mata duree dhiyaatu irratti qabujamaaf ittiin ibsuuni. Kun ilaalcha, yaada, amantaa ykn ij�انوو dhiyeessaan seminaaricha akka nama tokkootti qabu. Himni kun ifatti dhiyaachuufi ibsamuu qaba. Yaanni kun ij�انوو sirrii dhiyeessaan mata duree dhiyeessuuf jirurratti qabu jalqaba dhiyeessichaa irratti jamaatti waan agarsiisuuuf jamaan kallattii xiyyeffannoo barbaachaaf akka hinrakkanneef gargaara.

Fakkeennaaf;

- *Imaammanni barnootaa daree dhuunfaa lammii ga'umsa qabu horachuurratti hanqinoota baay'ee qaba.*

b) Tarkaanfii/Gocha (Action)

Kun salphamatti bakka dhiyeessaan seminaaraa jamaan isaa akka isa amanu ykn akka isa hubatu waan raawwachuuf koroorfate ittiin himu. As jalatti gochawan akka tarkaanfiitti jamaan ykn qorataan fudhataman hedduu dhiyaata. Tarkaanfiwwan fudhataman callaa (specific), kan bira ga'amu ykn kan gonfatamu (achievable) akkasumas yeroo kennname keessatti raawwatamuu kan danda'aman ta'uu qaba.

Fakkeennaaf;

- A. *Imaammanni barnootaa daree dhuunfaa imaammata gareen ta'anii daree tokko barsiisuutiin bakka bu'uu qaba.*

c) Faayidaa/Bu'aa (Benefit)

Kun bakka faayidaa hojmaanni haaraanqabu maalfaa akka ta'anjamaaf itti dhiyaatuufi isaanis bu'aa akkamii faa argachuu akka danda'an bakka itt ibsamu.

Fakkeennaa;

B. Imaammata barnootaa haaraa gareen daree tokko barsiisuutiin lammii ga'umsa qabu horachuuf gahee olaanaa qaba.

Gulantaa 3:- Yaada Ijoo Qabiyyee Seminaaraa Maddisiisuu

(Brainstorm Main Ideas)

Erga ijjannoon (position), tarkaanfii (action)fi faayidaan (benefit) seminaaraa barbaachisu ibsameen booda qabiyyeen ijoon seminaarichaa hundeffamuu qaba. Kaayyoon qabiyyee ijoo maddisiisuu yaadota ijoo hedduu argachuufi yaadota calla illee jalatti gurmeessuuf gargaara. Kanaafuu, seminaara tokko qopheessuuf yaandonni qabiyyee ijoo hunda hammatoo sadii hanga shanii ta'an maddisiifamuu qabu. Kunis hanqina imammata barnoota daree dhuunfaa armaan olitti ibsameetiin akkaataan qabiyyeen ijoon itti dhiyaachuu qabu haala armaan gadiitiin qophaa'uu danda'a.

Hanqina Imaammata Daree Dhuunfaa	Ibsa Imaammata Haaraa Wixinamee	Faayidaa Imaammata Haaraa Wixinamee
--	---	---

Qabiyyeewan ijoon armaan olitti dhiyaatan sadii dhimmoota muummee karoorichaa yommuu ta'an ibsi callaa, ibsi deeggarsaafi ragaan akkasumas barbaachisummaa mata durichaa dhimmoota mata dureewwan callaa jalatti baldhinaan taroeffamanii dhiyaatan ta'uu danda'a.

Gulantaa 4:- Yaada Callaa Qabiyyee Seminaaraa Maddisiisuu

(State the Subpoints)

Qabiyyeen ijoon seminaarichaa erga qophaa'een booda itti aanee yaadonni callaa bal'inaafi gadifageenyaan dhiyaachuu qabu. Qabiyyeen callaa fakkeenyawwan ibsawan, ragaawan, wabiwwan, seeneffamoota, walbirqaba, ykn ragawan bifaa addaa yaada qabiyyee ijoo cimsuu danda'u akkaataa fakkeenya armaan gadiitiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba. Odeeffannoona yaadota ijoo gabbisuuf dhiyaate haala loojikaawaa ta'een qindaa'uufi jamaaf dhiyaachuu qaba. Qabxiwwan saanduqaa gurraacha'aa keessatti dhiyaatan qabiyyee ijoo yommuu ta'an qabxiwwan kuuwan ammoo yaada callaati.

Hanqina Imaammata Daree Dhuunfaa	Ibsa Imaammata Haaraa Wixinamee	Faayidaa Imaammata Haaraa Wixinamee
Qulqullinni barnootaa gadi bu'aa dhufee jira. Dadhabsiisaadha	Kaayyoon barnootaa haala amansiisaa ta'een akka galma ga'uuf gargaara. Aadaa walgargaarsaa dagaagsa	Lammii ga'umsa qabu horachuu. Adeemsa barachuufi barsiisuu salphaafi milkaawaa taasisa.
Onnachiisaa miti	Barattooniifi barsiisonni kaka'umsa cimaa akka horataniif gargaara	Barattooni itti gaafatamummaa barachuun fudhachuun raawwatu.
Hammayaaawaa miti	Barattooni muuxannoo, beekkumsaafi dandeetii barsiisota adda addaa argachuuf carraa argatu	Gabayaa Addunyaarratti rratti dorgomtoota akka ta'aniif gargaara.
Daangessaadha	Barattooniifi barsiisonni aadaa ofittummaa akka maqsaniif gargaara.	Aadaa wajjiin barsiisanii wajjiin qopheessaauu dagaagsa.
Nuffisiisaadha	Barsiisaan tokko barnoota hundarratti hundagaleessaa miti.	Tarsiimoo walguutinsaa babal'isa

Gulantaa 5:- Seensaafi Goolaba Qindeessuu

Seensaafi goolaba dhiheessa seminaaraa barreessuu tooftaan salphaan ibsawan sadeen: ijannoo furmaataafi furmaata seminaarichaa barreessuudha. Addeessiin kun seensaafi cufiinsa seminaaraa ibsuuf harka sagaltamaa ol gargaara. Tooftaawan idilee seminaara banuufi cufuuf gargaaran kanniinarmaan gadiiti.

A. Seenessa Dinqisiisoo(Anecdote)Dhiyeessuu

“Anecdote” seenaa gabaabaa muuxannoo matayyaas haata’uu kan nama biraan iraa dhagahan kan qabiyyee seminaaraa dhiyaatu sanaan hariroo cimaa qaban dhiyeessuudha. “Anecdote” mata duree dhiyaatu sana balballoomsuuf shoora olaanaa qaba. Seenaa dinqisiisoo fedheyuu yoo taate mata duree seminaarichaa wajjiin hidhannaq hinqabu taanaan rakkoo waan uumuuf kanniin fayyadamuurra dhiisuu wayya. Keessattuu dhiyeessaan baacoowwan saala, amantaa, gosummaafi aadaa gamtokkee qeequun walqabata dhiyeessurratti ofeeggannoonaasifamuu qaba. Anecdote, mammaaksa, durdurii, sheekoo ta’uu danda’aa.

B. Baacoo/Qoosaa (Humor) Dhiyeessuu

Baacoon kaayyoo seminaarichaa, jamaa, dhiyeessaa seminaaraa, mata duree, hirmaattotafi haala seminaarichaa wajjiin hariroo qabu marii barbaachisu banuuf ykn eegaluuf carraa gaarii uuma. Keessattuu hirmaattonni mariitti seenuurra callisuu yoo filatan baacoo akka sissi’eessituu dhiyeessuufi carraa argametti fayyadamuun marii eegaluun nidanda’ama

C. Gaaffiitti Fayyadamuu (Involving Questions)

Gaaffiin karaa lamaan dhiyaachuu danda’aa. Inni duraa gaaffii banaa ta’e jalqaba dhiyeessa seminaarichaa irratti. Ta’ullee of eeggannoonaasifamuu qaba. Gaaffii dhiyaateef hirmaataan deedii dogongoraa kennee iraa mormii dabaluun karaarraa sigatuu mala. Kanaafuu, gaaffii dhiyeessuun mala tokko yaa ta’u malee hanqina ogummaafi hubannoo iraa kan kan gara qoosa hinbarbaachifneetti luucca’uu mala. Malli lammaffaa ammoo miidhaa hin qabu. Hirmaattonni akka harka baasuun akka agarsiisan affeeriudha.

D. Gaaffii Deebii Qabu Gaafachuu (Rehtoric Question)

Gaaffiin akkanaa deebii ifaa galeessa hirmaattonni hunduu deebisan qaba. Fakkeenyaaf, ‘Namoonni jirenya keessan keessatti carraaqqii hojii qorannoo keessaniin milkaa’uu barbaaddan eennufaadha? Gaaffii akkana kan namoonni hundinuu ofitti fudhatan ta’ee gama kallattii qorannichaatiin walsimatee yoo dhiyaate hirmaattota salphamatti mimirqaansuufi gara dhiyeessa seminaarichaatti simachuu danda’a.

E. Himamsa Rifachiisaa (Shocking Statement) Dhiyeessuu

Himamsi akka, “Bara dheengaddaa barattoota qormaata guutuu biyyaa kutaa 10ffaa qormaatan keessaa barnoota Afaan Oromootiin qabxii ‘C’ fi sanaa ol kanniin galmeessisan %25 qofa. Kuni ammoo harki 75% firii qormaatichaatiin walakkaa gadi galmeessisu agarsiisa. Kun kufaatii qaanessaadha.” Sababni ani akka, “*Duula qulqulqullinaafi ga’umsaAfaan Oromoo barattootaa irratti tolaan akka bobba’uu*” jedhurratti isin barbaaduuf kana.

F. Waraabbiitti Fayyadamuu (Quotation)

Yeroo tokko tokko ammoo baniinsaafi cufiinsa seminaaraa dhiyeessuuf waraabbii yaada namoota beekkamootti fayyadamuun filatamaa ta’uu danda’a. Dheerinni himoota waraabbii garuu sararoota lama caaluu hinqabani. Barreeffamarraa dubbisuudha malee qalbitti qabachuun illee (memorizing) hinbarbaachisu. Bifbiribsaan dhiyeessun ammoo nidanda’ama. Kana malees, akkuma baacootti fayyadamuu waraabbii dhiheessichaan hariiroo hinqabnetti fayyadamuun filatamaa miti.

Gulantaa 6: Yaada Ijoo Baniinsaafi Cufiinsaa Qopheessuu

(Formulate the main idea Previewing and Reviewing Sentence)

Jechoota Afaan Ingiliizii hunda jecha ykn tishoo tokkoon gara afaan kaayyeffatameetti jijiiruuf yaaluun ulfaataa ta'uu danda'a. Garuu ammoo, yaadrimee isaa ibsuun yaada afaan maddaa sana afaan jijiirraatiin dhiyeessuun nidanda'ama. Jechoonni tishoo afaan Ingiliizii armaan gadii haaluma kanaan gara Afaan Oromootti jijiiruufa yaalamee jira. Moggaasni faayya'an yoo jiraate jijiiruun murteessaadha. Jechoonni kunniinis:-

- **Pre-view**= Dursa-mul'istuu. Hima egeree. Qabiyyee gara fuulduraatti dhiyaachuuf jiru osoo bira hingahin akka hima egeree ykn bantuutti dhirsanii yaadota muummee dhiyeessuu
- **Re-view** = Duuba-mul'istuu. Mildhuu. Qabiyyee dhiyaatee dhiyaate tokko erga bira darbame akka mildhuu ykn keessa deebiitti ykn akka cufiinsaatti yaadota ijoo irra deebi'anii dhiyeessuudha.

Himoonni armaan gaditti dhiyaatan kallattii raawwii adda addaa agarsiisu.Faayidaa adda addaa illee qabu. Adeemsaakkanaa keessa darbuun seminaara qopheessuun hordoftoonni seminaaricha maal raawwachuuuf akka deemamuu akka agarsiiftuutti dhiyeessuufi maaltu akka dhiyaataa ture akka keessa deebiitti addeessuuf gargaara. Isaanis haala akka armaan gadiitti dhiyaatu.

1) *Waan itti himuuf jirtu itti himi!*

(Tell them what you're going to tell them!"')

2) *Waan itti himte itti himi!*

(Then, tell them what you told them!"')

Kana jechuun, qabxiwwan muummee seminaarichaa baniinsaafi cufiinsa seminaarichaa irratti dhiyeeyaatuu akka qaban agarsiisa. Himoota lamaan kanniinirraa hubachuun akkuma danda'amutti, himni jalqabaa qabiyyee muummee seminaaraa keessatti dhiyaachuuf jirtu quba qabaachisuuf gabaasanii dursa dhiyeessuudha. Himni lammaffaa ammoo qabxiwwan muummichaa seminarichakeessatti dhiyaatan haala keessa deebibiitiin yaadachiisuudha. Kanaafuu, haalli kun salphamatti hima yaada ijoo seminaarichaa banuu danda'uufi hima yaada

ijoo seminaarichaa guduunfuu danda'amutti fayyadamuun ibsamuu danda'a. Kanaaf ammoo qabxiwwan ijoo ijannoo, tarkaanfiifi bu'aa agarsiisanitti gargaaramuu gaariidha.

Fakkeennaaf:

"Har'a waa'ee hanqina imaammata barnoota daree dhuunfaa, cimina imaammata haaraa hundeessaa jirruufi faayidaa imaammaticha hojiirra oolchuu dhiyeessa."

Walumaagalatti, dhiyeessi seminaarichaa akkaataa tartiiba armaan gadiitiin dhiyaachuu qaba. Kunis;

1. Seensa (Ijjannoo, Tarkaanfiifi Faayidaa)
2. Hima baniinsaa (Waan itti himuuf jirtu itti himi!)
3. Yaada muummichaafi yaada calla itti himi.
4. Hima cufiinsaa (Waan itti himte itti himi!)
5. Goolaba (Ijjannoo, takaanfiifi faayidaa irra deebiin ibsi)

Gulantaa 7:- Islaayidii Qopheessuu (Develop Slide)

Qabiyyeen seminaaraa bal'inaafi gadi fageenyaan erga qophaa'een booda haala salphaa ta'een waltajjiirratti jamaaf dhiyeessuun akka danda'amu islaayidiin (Slyd) qophaa'uu qaba. Islaayidiin yommuu qophaa'u ulaagaawwan armaan gadii guutuu qaba.

a) Islaayidii Ofeeggannoon Qopheessuu

Islaayidii qabxiilee ijoo (power point) salphaafi ifaa ta'uu qaba. Islaayiditti fayyadamuu keessatti rakkoon yeroo baay'ee dhiyeessaa biratti mul'atu qabiyyee bal'aa yeroo hedduu fudhatu islaayidii tokkoratti tuulee dhiyeesuudha. Kanaaf malli salphaan (rule of thumb) baay'inni qabiyyee islaayidii hundarratti dhiyaachuu qabuu daqiqa lamaa ol akka hinfudhannetti ta'uu qaba. Kana malees, Islaayidiin tokko irratti yaada ijoo tokko qoftu jechoota ykn gaaleewwan ijoo muraasaan dhiyaachuu qaba.

b) Wantoota Agarsiifamanitti Fayyadamuu

Islaayidii yommuu qopheessinu ibsi qabiyyee sanaa wantoota ijaan mul'atan addaatiin kanniin akka fakkiwwanii, suuraawwanii, gabateewwanii, danaawwaniifi waan kana fakkaatan dabaalanii dhiyeessuun seminaaricha baay'ee hawwataa taasisa. Wantoonni agarsiifamu bakka itti calaqqeefamurraa halaalatti kan mul'atu ta'u qaba. Kanaafuu, islaayidii qabxiilee ijoo ibsa jechootaa qofaan dhiyeessuun filatamaa miti.

c) Bareeffamicha Mul'atan Taasisuu

Hammi foontii (Font size) qabxiilee ijoo islaayidiirratti dhiyaatuu bakka itti calaqqeeffame irraa jamaatti haalaan kan mul'atu ta'u qaba. Hammi foontii (qabee, lakkofsa, mallattoo, ...) yoo xinnaate 24 ykn ammoo sanaa ol ta'u qaba. Yoo baay'ate ammoo 30 caaluu hinqabu.

d) Halluu Walirraa mul'atutti Fayyadamuu

Halluun gabatee islaayidiifi halluun qabiyyee qabxiilee ijoowalirraa mul'ataniifi wajjiin kan deemu (contrast with each other) ta'u qaba. Halluuwwan adda addaa fayyadamuun yoo barbaa barbaachiselle akaakuu halluu sadii hincaalletti fayyadamuudha. Halluuwwan bu'uraa kanniin jedhama adii, gurraachaafi magariisni qajeellootti walirraa mul'atu. Halluuwwan walmakaa isaaniitiin uumaman ammoo ofeeggannoon yoo mirkaneessan malee wal-liqimsu ykn ammoo wal dukkaneessu. Fakkeennaaf halluu gabatee islaayidii gurraacha ykn cuqliisa yoo ta'e qabee halluu keeloo ykn halluu adiitti yoo gargaaramne walirraa haalaan mul'ata. Halluu gabatee islaayidii booralee ykn adii irratti qabeen halluu keeloon yoo barreeffame halluuwwan kunniin lamaan waan wal liqimsaniif barreefamichihaalaalaa nama hundatti mul'achuu hindanda'u.

e) Islaayiidii Hinbarbaachifene Maqsuu

Dhiheessota tokko tokkoratti islaayidii duwwaa irra uttaalaman, qabiyyee gahaakan hinqabneefi kan hinbarbaachifne ni mul'ata. Gochi akkanaa sadarkaa qophii dhiyeessaa sana tuffachiisaa waan taasisuuf islaayidiin tajaajila hinqabne jiraachuu hinqabu. Kana malees qabiyyee salphamatti afaniin ibsamuu danda'uuf islaayiditti fayyadamuun barbaachisaa miti.

f) Animeeshiini Ofeeggannoona Fayyadamuu

Animeeshiiniin qabiyee barreffamaafi fakkiwwanii sochii haalaafi ariitii adda addaatiin dhiyeessa. Sochiin kun walxaxaafi qalbii hordoftootaa kan hatuufi dhaamsa darburratti miidhaa kan dhaqqabiisu yoo ta'e fooyya'uu qaba. Kaayyoon dhiyeessaa sochii islaayidiitiin hafarsuu osoo hintaane dhaamsa qabiyee dhiyeessuu waan ta'eef xiyyeffannoona dhiyeessaa kanuma galmaan ga'uuf kan carraaqu ta'uu qaba.

Gulantaa 8:- Qabsiisa/Yaadannoo (Handout Qopheessuu)

Yaada seminaaraa qilleensarratti dhiyaatee hafuu hinqabu. Hordoftoontti seminaaricha erga seminaarichi dhiyaateen boodas waan bal'inaafi gadifageenyaan dubbisan argachuu qaban. Kanaafuu, qabiyee seminaarichaa irratti qabsiifni guutuun qophaa'ee hordoftootaaf raabsamuu qaba. Faayidaan qabsiisa seminaaraa qopheessanii jamaaf raabsuu hedduu yommuu ta'an muraasni kanniin armaan gadiiti. Isaanis

6. Odeeffanno gurguddoo seminaarichaa yaadachiisuuf,
7. Murtoowwan seminaarichaa ijoo cuunfanii dhiyeessu,
8. Odeeffanno calla seminaarichaa dhiyeessa keessatti hinhammatamin balballoomsanii dhiyeessuuf

Faayidaan qabsiisa seminaaraa erga dhiyaateen booda yeroon qabsiisichi hirmaattotaaf itti raabsamu murtaa'uu qaba. Kanaaf ammoo filannoowwan sadan gaditti dhiyaatan keessaa tokko hordofuun nidanda'ama. Isaanis:-

A. Dhiyeessan Dura (Before Presentation)

Qabsiisa seminaaraa yeroo dhiyeessaatiin dura raabsuun mala filatamaadha. Dhiyeessi seminaarichaa gaggeeffamuu eegaluun dura kooppii islaayidii, maxxansa qabiyichaa, dhiyeessuun nidanda'ama.

Rakkoon guddaan mala raabsaa qabsiisa seminaaraa isa kanaa yommuu dhiyeessaan ibsa kennu hordoftoontti barreffamicha waan dubbisanii waan dubbatamu caqasuu dhabuu malu. Namoonni yommuu dubbisan qalbiin caqasuu dhabuu danda'u. Rakkoo akkanaatiif falli qabsiisa

seminaarichaaakkuma hordoftooni gara galmaatti seenuu eegalaniin dursanii raabsuun hamma tokko dursanii akka dubbisan taasisuudha.

B. Yeroo Dhiyeessaa (During Presentation)

Yeroo dhiyeessaatti qabsiifni of eeggannoonaabsamuu qaba. Qabsiifni yeroo dhiyeessaatti kennama yoo ta'e of eeggannoonaawwatamuu qaba. Adeemsa dhiyeessaa akka hinjeeqneefis jecha ariitiin raabsamuu qaba. Kanaafuu, raabsaan qabsiisaa yeroo seminaaraa haalaa qalbii hordoftootaa hatuun yoo ta'e gargaarsa caalaa miidhaa isaattu bay'ata.

C. Dhiyeessaan Booda (After Presentation)

Yeroo dhiyeessaarratti barattooni gara boodaa qabsiisni qabyyee seminaarichaa akka kennamuuf kennamuuf itti himamuu qaba. Kun hordoftoonnii yaadannoo hinbarbaachifne dhiyeessarra qabachuuf akka hindhiphanneef gargaara. Yeroo isaani illee xiyyeffannoo qofaaf waan oolchaniif qalbii hiruurraa isaan baraara.

6. Tajaajila Meeshaalee Teknoolojii

6.1. Faayidaalee Meeshaalee Qabatamoo (Visual Aids)

- 6.1.1. Fedhiifi hawwisiisummaa uumuu
- 6.1.2. Yaadota walxaxoo ifaafi salphaa taasisuu
- 6.1.3. Yaada hinqabatamne qabatamaa taasisuu

6.2. Meeshaalee Teknoolojii

- 6.2.1. Koompiitaroota (Computers)
- 6.2.2. Iskaanaroota (Scanners)
- 6.2.3. Pirijektaroota (Projectors)

6.3. Akkaataa Qophii Mucucee Qabxiilee Ijoo (Power Point Slide)

- 6.3.1. Gosa Qubee (Font Style)
- 6.3.2. Hamma Mallattoowwanii (Font Size)
- 6.3.3. Halluu Mallattoowwanii (Font Color)
- 6.3.4. Halluu Gabatee islaayidii (Slide Color)
- 6.3.5. Baay'ina qabxiilee Ijoo islaayidii tokkoratti (Themes per slide)

6.4. Qajeelfamoota (Tips) Qophii Saminaaraa

- 6.4.1.** Afaan Beekuu
- 6.4.2.** Jamaatti Haasa'uu
- 6.4.3.** Kaayyoofi Galma Qabaachuu
- 6.4.4. Beekkusa Qabiyyee Qabaachuu
- 6.4.5. Shaakala, Yaadgabbisaafi Tasgabbii

7. Dhiyeessaa Pirojktii Saminaaraa

- 7.1. Akaakuu dhiyeessaa
- 7.2. Haala Teessama

Kitaabota Wabii

Brooks, W. (1978). Speech Communication 3rd edition. Klahoma. Wmc.c.Brown Company Publishers.

Coastal and Marine Studies in Australia: A Workshop Manual for Teachers-Workshop Format Griffith University and the Department of the Environment, Sport & Territories, 1997 ISBN 0 868 57872 X

David Knox & Brenda Riner (?). How To Sponsor A Successful Real Estate Seminar Sharing The Results Of Your Scholarship With Your Colleagues

DeFleur (2004), Fundamentals of Human Communication. Paperback,

DeFleur ,M. L. etal (1998). Fundamentals of human communication .London: May field Publishing Company.

Devito J. A. (2003). Human Communication: The basic course . Sydney: Pearson Education ,Inc.

Frank R. Kschischang (2001). Giving A Talk – Guidelines For The Preparation and Presentation Of Technical- Seminars

Katie L. Turabian () A Manual for Writers of Term Papers

Margaret H. DeFleur, Patricia Kearney, Timothy G. Plax and Melvin L. (Melvin Lawrence)

Modern Language Association Handbook for Writers of Research Papers

Newcomb P.J.(1988) Communication:An introduction to speech. Florida: ALLYN &Bacon, Inc.

Pearson, J. (2003). Human Communication: New York. McGraw-Hill Campanies.

Richard T. and Ivan S. (2001). Guidelines for Conducting Workshops and Seminars That Actively Engage Participants. Toronto: University of Toronto

Steve Mandel .(2000). Effective Communication Skills. A Practical Guide to Better Speaking.

Theses & Dissertations The Publication Manual of the American Psychological Association (APA)

Verderber, L.(1993). Communicate. United States. Wads Worth group

Walters, L. (1993). Secret of successful Speakers. New York: McGraw-Hill.inc